# Gadheen kan ishee lafarra harkiftee kan ormaa olfuutee baatti!

Marii Gadaa irraa

Oromoon mammaaksaan “aak jedhanii waa tufan mammaakan waa himan” jedha.Haala cunqursaa ilmaan Oromoo irratti biyya abbaasaanii fi biyya alagaatti irratti ga’aa jiruufi ga’e ilaalee gadda keessa koo hube ibsachaa,yaadan ka’eefitti fufa!

Oromoon Erga bara Gadaa Abbaa Gadaa Gaarii Duufaa Ankoobarii achitti humnoota habashaa deebisee,kanaafis SaahilaSillaaseen “itti dhiyeenyaan” jechuun Oromootti dhiyaachuu jalqabee,Minilikis mul’ata abbaasaatii dhugoomfatee Oromoo waliin diruutti ka’ee eegalee qabsoon falmaa birmadummaa,walabummaafi bilisummaa Oromoo addaan cite hin beeku!

Baroota Habashoonni nu dhiitan,nu buqqisan,nu ajjeesan kana keessatti harki ilmaan Oromoo gantoota ta’anii keechaa dhabamee hin beeku.Kanaafis barreessaan Habashootaa Aatsimeen “foon dikeedhuma looniitiin bilcheessu”jechuun raga ba’eera.

Egaa mammaaksa Oromoo “gadheen kan ishee lafarra harkiftee kan ormaa baatti” jedhu kana anis akkan keessa deebi’ee mammaaku kan nataasise gocha gantooti gudeeda Oromoo fi bobaa Uummata Oromoo keessaa ba’an, deebisanii saba isaanii irratti raawwatan irraa ka’eeni!

Gantooti kun,wallaalanii utuu hin taane nama namoomaa ba'anii,namummaan keecha isaanii badde,kan silaa Gadaan Oromoo utuu jabduu taatee akkuma durii gucaan gabaa keechatti gubuu qabdudha.Gadaan nama kofa uummataa saaqu(Icciitii Uummataa diinaaf kennu) kana gochuuf haboo waan qabduuf dur!

Isaan kun (diinonni kun) diinota alaa fi keessaa yoo ta'an warri alaan jiran alagaa irraa alagummaa fudhachuun warra uummata garbummaa keessa jiraachisan yoo ta'an,warri diinota keessaa jennuun kun warra qabsayaa fakkaatee sabaa fi qabsoo sabaa ongolaalaa diinaaf ulaa banuun umurii sirna bittaa habashaa nurratti dheeressanidha.

Diinnii fi Gantuun **akka mana gudunfaatti** diina alaa fi keessaa baattee deemtu kun "OPDO DHDUO"kan jedhanidha.Qondaalonni DHDUO mataan isaanii akka abdaarii warra Abbaa Oofaa Qaalluu TPLFn ajajama.Ajaji TPLF wayyaanee gonkumaa "raawwatee" isaan biratti hin cabu! Gooftolii ishee waan ta'aniifi kanaaf isheen gaabiin,uffannifi karavaatiin ulfinaa TPLF wayyaanee akka irraa hin buune jala baatti!

OPDOn gootota Oromoof quuqaman of keessa hin keessu,ofitti hin qabdu,ofitti hin qabdu "dhiphoo,farreen nageenyaa,humnoota badii..."jettee waamuun ajaja gooftolii ishee guutuun,gaaffii uummataa danqaruuf immoo abaluun adabne,abaluun ariine jetti

Harcaatuu fi ergamtuun diinaa kun waliif ajaja kennuun,abaluun dhugaa dubbata uummataaf quuqama jechuun gantuu qabsawaa sabaa fakkatu oomishuun dhimma itti ba'u.Kaanis ifumaan diinummaa isaa akka mirkaneessatuufi sanuu sodaatamee akka jiraatuuf meesha itti hin hiine hin qaban! Saba kutatee ka'e kana waan duubatti deebisutu hin jiruuf malee,silaa yoona waa'ee Oromoo fi Oromummaa barreessuun

hin jiru ture ergamasheen dhoksaatti akka qoree baala jalaatti qabattee Oromiyaa keessa daaddiftuuf.

OPDOn utuu uummata Oromoo ka bakka buutu taatee silaa ilmaan Oromoo waraanaan akkanatti hin funaanaman ture,OPDOn utuu uummata Oromoof dhaabbattee silaa Oromoon gaaffii dhimma abbeentaa abbaa dirreesaatii waggoota digdamii shan guutuu hin gaafatu ture

Gaafa 17/4/2016 tti ilmaan Oromoo biyya abbaa ofiirra jiraatuu dadhaban yeroo galaanaan nyaataman miidiyaan OPDO fi Wayyaanee marti gadda dhumaatii uummatii uummata Gambeellaa malee waa'ee Oromoo homaa waan titiisni bishaan lixxe illee itti hin fakkaanne!uummati Oromoo yoomuu akka Xoophiyaa keessaa ba'uu qabuu fi of danda'ee jiraatu taasisuu qaban keessaa ilaalcha akkasiiti silas lammii biyya sanaa ta'ee waan hin ilaalamneefi!

Miidiyaan OPDO maaliif rakkoo uummata Oromoo kanaaf golgaa hin qabdu yoo jenne "gadheen kanshee lafarra harkiftee kan ormaa olfuute baatti" akka jedhan waan ta'eef

DHDUOn hayyoota Oromoo wajjin marii'achuuf,fedhii uummata Oromoo guutuuf,yeroosaa hin qabdu teessuma wayyaanee waan jala baattuuf!

Gadheen kanshee lafarra harkiftee kan ormaa olfuutee baatti!